Australian Government
Department of Social Services

Dadabarsaa Namaa fii Garbummaa

Awustiraaliyaatti namoota dadabarsuu fii garbummaan yakka cimoodha.

Namoota dadabarsuu fii garbummaan seeraan kan dhorkamaniidha.

Namni yakkawwan kanneen raawwate, dhiira ta'ee dubartii, hidhamuu danda'a.

Ati ykn namni ati beektu kan balaa keessa jiru yoo ta'e **000** irratti polisiif bilbili.

Awustiraaliyaatti Polisiin nagaa fi amanamoodha.

Turjumaana bilisaa kan barbaadu yoo ta'e **131 450** irratti bilbili.

Mootummaan Awustiraaliyaa (Australian Government) haalawwan kamiyyu jalatti namaa dadabarsuu fii garbummaa hamayyaa'atiif hin obsu.

Namoota dadabarsuu fii garbummaan yeroo namootnni bu'aa namoota biraatiif jecha haalawwan human isaanii saamuu keessatti dirqiisiifaman kan umamuudha. Namoota dadabarsuu fii garbummaan hammachuu kan danda'u:

- garbummaa, ashikarummaa, ykn dhaabbilee akka hospitaalaa, ijaarsaa, kunuunsa bosoonaa, omisha albuudaa ykn qonnaa irratti akkasumas walitti dhufeenya baay'ee dhiheenya qabuu keessatti dir'qiin akka hojjatan taasifamuu;
- Idaa liiqaatiif;
- Quunnamtii saalaa haala malee;
- Gaa'ila dirqii; ykn
- Kaayyoo kutaa qaama baasuuf dadabarsuu.

Namoota dadabarsuu fii garbummaan yakkawwan dhoksaan raawwatamaniidha.

Namoota dadabarsuu fii garbummaan yakkawwan arguudhaaf rakkisaa ta'aniidha. Namoonni balaa haaloo nama miidhaa irraan qaqabsiisuu danda'an ykn sadarkaa kolugaltuumma isaanii dhabu sodaachutiin gargaarsa hin gaafatan ta'a.

Mallattoowwan akka namni tokko dadabarfame mul'isu danda'an keessaa, yoo namni tokko kan:

- Kan sodaachifamu, dorsiifamu ykn humnaan akka hojatu taasifamu ta'e;
- Kan haalawwan hojii baayyee gaarii hintaane keessa hojata ta'e;
- Kan hin kanfalamneef ykn idea hojjachiisaa isaa ykn qaama sadaffaaf kan yeroo dheeraaf kanfalaa jiru ta'e; ykn
- Paasportii isaa ykn galmeewwan dhunfaa isaa kan biraa kan qaama sadaffaan jalaa qabame, fii wayita barbaadutti galmeewwan kanneen argachuu kan hindandeenyee yoo ta'e.

Ati ykn namni beektu kan biraa balaarratti argamuu?

Ati ykn namni beektu kan biraa balaa dadabarsuu namootaa ykn garbummaa keessatti argamtu ta'e **131 237** (131AFP) irratti Polisii Federaalaa Awustiraaliyaa (**Australian Federal Police** (AFP)) qunaamaa ykn gargaarsa argachuuf marsariitii **AFP website** at **www.afp.gov.au** daawwadhu. AFP'n nagaan si eeguu, gorsa kennuu fi deegarsaaf gara tajaajilawwan biraa, kan akka bakka bultii, deegarsa maallaqaa, goorsaa fi deegarsa seeraa fi batalummatti si eerguu danda'a.

Sagantaan Deegarsa Namoota Dadabarfamanii (**Support for Trafficked People Program)** sagantaa namoota dadabarsaa fi garbummaaf saaxilamaniif gargaarsa dhiyeessuun deegarsa mootummaa fi kan Fannoo Diimaa Awustiraaliyaatiin (Australian Red Cross) kennamuudha.

Awustiraaliyaa keessatti tajaajilawwan gargaaruu danda'an kan biraa ni argamu.

1800RESPECTn tajaajila gorsaa miidhaa saalaa, jeequmsa maatii fii miidhaa mana keessaa biyyaaleessaa Awustiraaliyaati. Innis tajaajilawwan odeeffannoo fi gorsa hiccitaawaa karaa bilbilaa fii onlaayiniitiin bilisaa kenna. Gorsitoonnis isin dhaggeeffachuun, gaafii keessanis deebiisuun, akkasumas tajaajilawwan gargaarsaa naannoo keessanitti argaman kan biraatti isin ergu danda'u.

1800 737 732 irratti bilbilaa ykn gara marsariitii **www.1800RESPECT.org.au** dhaquun daawwadhaa**.**

Nama Turjumaanaan si gargaaru barbaaddaa?

131 450 irratti Tajaajila Hiikaa fi Turjumaanaa (**Translating and Interpreting Service** (TIS)) tiif bilbili. Tajaajilawwan gara biraa waliin dubbachuuf namni turjumaanaa TIS irraa isiin gargaaru kan danda'u yoo ta'u, garuu TIS gorsa hin kennu. Bilbilli hundinu bilisaa fi iccitaawoodha

Unkaa dabalataa waa'ee dadabarsa namaa fii gabrummaa Awustiraaliyaa keessaa ilalchisee:

Sagantaa Deeggarsa Namoota Dadabarfame (Support for Trafficked People Program) irratti odeeffannoo dabalataatiif gara marsariitii Qajeelfama Tajaajiloota Hawaasumaa (Department of Social Services) **www.dss.gov.au** dhaqi ykn karaa **www.redcross.org.au** tiin Fannoo Diimaa Awustiraalitiif dhaqi. Akkasumas Fannoo Diimaa Awustiraaliyaatiif karaa **national_stpp@redcross.org.au** tiin I-meelii barreessuu dandeessa.

Namoota dadabarsuu fii garbummaarratti oddeeffannoo dabalataa argachuuf, gara marsariitii Qajeelcha Dhiimoota Biyya keessaa (Department of Home Affairs) **www.homeaffairs.gov.au** irratti ykn marsariitii Polisii Federaalaa Awustiraaliyaa (Australian Federal Police) **www.afp.gov.au** irratti dhaquun ''namoota dadabarsuu'' ("human trafficking") barbaadaa.